# Kitaaba Anbaaqoomii Raagichaa

## Seensa

Dubbiin raagaa ta Anbaaqoomii tun dhaloota Kiristoosiitiin dura gara dhuma jaarraa torbeesso'ootitti dhutte. Anbaaqoom hunnaan bulchiisa kolbaa gadhi-jabeeyyii hunnaan nama irratti kaatu tanaatiin guddoo jeeqamee, «Worri gadhi-jabeeyyiin hunnaan nama irratti ka'u kun, worra isaan caalaa balchoota te'ane yennaa balleessanu maaf cadhittee ilaalta?» jedhee Mootii Waan Maraa gaafate (1:13). Mootiin Waan Maraalle deebisee, «Ani waan mara yennaa tiyyatti huja; haga sanitti, balchaan dhugeeffannaa ifiitiin le'a» jedhe (2:4). Kutaa kitaaba kanaa keessaa ka hafe, marroo raaga badii gadhi-jabeeyyii hunnaan nama irratti kaatu irratti dhaqqabu'uu jirtuu ka himu yoo te'u, gara dhuma kitaaba kanaatitti, marroo guddinna Waaqaatii fi marroo dhugeeffannaa jadduu qabaatiisaa faaruu daadimatiisaatitti jira.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Iyyata Anbaaqoomiitii fi Deebii Mootiin Waan Maraa isaaf kenne *1:1–2:4*
Badii worra Balchaa Hin te'inii *2:5-20*
Daadimata Anbaaqoomii *3:1-19*

1 Ergaan Mootiin Waan Maraa raagicha Anbaaqoomitti mudhise tana.

### *Anbaaqoom Marroo Muraa Haqa Hin qannee Iyyate*

2 «Ee, Mootii Waan Maraa! Qarqaarsa keeti
gaafatiisaa fi marroo worra hunnaan nu bulchuu
yoo sitti iyyadhu, ka nuu dhageettuu fi nu fayyittu
yoom ree?
3 Maaf rakkoo akkasii akka dhaggu na goote?
Dabi yennaa hujamu attam cadhittee ilaalta?
Badi'ii fi hunnaan nama bulchanuun dhagga; wol
dhabaa fi moromaan hin jiran.
4 Tanaaf seerri laashowee, muraan dhuga'aa
ijjumaa dhabantee, hamaaleyyiin balchoota
marsanee, muraan daddeerti» jedhe.

### *Deebii Mootiin Waan Maraa Kenne*

5 Achiin duuba Mootiin Waan Maraa kolbaa
ifiitiin, «Gosa biyya adda addaa ta adaala
keessanii ilaala'a; waan dhaggitanu maratti
maadeffadha'a; eennulle adoo isinitti himelle'ee,
waan isin dhugeeffatuu hin dandeenne bara
keessan keessatti ani hin huja.
6 Kunoo, ani worra Baabilonii gadhi-jabeeyyi'ii
fi ariifataa, ka lafa worra dhibi'ii qabatiisaaf lafa
duudii keessa yaa'anu hin kaasa.
7 Isaan worra nama sodaachisuu fi rifachiisu;
isaan ulfinna ifiitiif ifumaaf seera baafatan.
8 «Fardoon isaanii qeeransa caalaa ariifatti;
yayyii galgalaa caalaalle hin sodaachitti.
Abbootiin fardo'oo ta isaanii, akka risaa waan
nyaatu butatiisaaf irii gad xinniqu, fagoo irraa
gulufaa hin dhufan.
9 «Loltooti isaanii marti hunnaan nama irratti
ka'iisaaf dhufan; loltooti isaanii akka qilleensa

goomole'ee gara duraa yaa'an. Boojuun isaaniille
akka maansaa baca'a.
10 Isaan moototatti hin murgan; bulchitootalle
hin tuffatan. Isaan kushee maratti kollaa, biyyee
kushee san irratti tuulanee, isaan hin booji'an.
11 Achiin duuba worri yakkaameyyiin ka hunna
ifii waaqota ifii godhatanu, akka qilleensaa hax-
owamanee taran» jedhe.

### *Anbaaqoom Ammalle Mootii Waan Maraatitti Iyyate*

12 «Ee Mootii Waan Maraa, ati Waaqa woyyicha
ka durii jalqaddee jirtu; ati ijjumaa hin du-
utu. Worri Baabilonii muraa teeti hujii irra akka
oolchanuuf ramadde; ati rassaan keenna, akka
isaan nu adabanuuf baallii isaaniif kennite.
13 Ilti teeti guddoo qulluu waan teeteef
waan hantuu ilaaliisaaf hin dandeettu; ati
wonni hantuun hujantuun dhaggaa hin ossitu.
Maarre maaf worra maltoole'etti cadhi jettee
ilaalta? Worri hamaaleyyiin worra isaan caalaa
balchoota te'ane yennaa liqinsanu maaf cadhitta
ree?
14 «Ati kolbaa akka qurxummii abbaayaa
keessaatii fi akka dada abbaayaa keessaa ta
sooressa malee munyuuxxuu gooteerta.
15 Worri Baabilonii akka qurxummii malx-
aqqo'oon qabanuu isaan qaban; caccoo ifiit-
ille'een isaan harkisanee, waan itti kuufatanu
keessatti wolitti qabatan. Caccoo ifii keessatti
isaan waan qabataneef gammadanee ilillisan.
16 Tanaaf caccoo ifiitii fi waan ittiin
kuufatanuun qananumma'aan waan le'anuuf,

cacco'oof ciincaa dhikeessan; waan itti
kuufatanuuf hixaana aarsan.
17 Isaan caccoo hargufuma hargufaa marartii
malee gosa biyya adda addaa balleessaa le'anuutii
ree?» jedhe.

# 2

### *Deebii Mootiin Waan Maraa Anbaaqoomiif Deebise*

1 Ani xelleephoo tiyya irra hin dhaabbadha;
dalleya qacha'aa ka dhaka'aa irralle'etti addee
hin qabadha'a; waan Mootiin Waan Maraa naan
jedhu, iyyata kiyyaaf deebii inni naa kennu hin
eegadha.
2 Mootiin Waan Maraa naaf deebisee, «Wonni
ani sitti mudhisu kaso'otti akka dubbifantu faara
baxxicha irratti barreessi.
3 Sababille mudhiin tun yennaa itti muum-
mottu eegatti; isiin marroo guyyaa muumme'ee
dubbatti; isiin dharaa moti. Ta turtu fakkaattulle
eegadhu. Dhugumaan hin dhutti; hin turtulle'e»
jedhe.
4 Worra kooru ilaala'a; yaadi isaanii qajeela'aa
moti; balchooleen ammoo dhugeeffannaa ifiitiin
le'an.

### *Jinnana Worra Balchaa Hin te'inii*

5 Dhugumaan karri nama soddi; nami kooru
foora hin qabu; akka boolla awwaalaa joljola'a;
akka du'aa ijjumaa hin quufu; inni gosa biyya
adda addaa mara ifiif wolitti qabata; kolbaa mar-
alle hin booji'a.

6 Nami duudiin nama akkasii kanatti kollaa itti
murgaa, «Ka waan keeti hin te'in tuulattu, meya
hunnaan fudhatteen haga yoomii ifi duroonsita?
7 «Worri gatii si irraa qabu dedha sitti hin ka'uu?
Isaan si hin sheephisiisanuu? Achiin duuba waan
ati qaddu mara hin fudhatanuu?
8 Ati kolbaa gosa biyya adda addaa saantee, dhi-
iga kolbaa heddu'uu dhangalaattee, qachootaa fi
waan isaan keessa jiru duudiille waan balleessi-
teef, worri hafe si hin saama.
9 «Nama bu'aa haqa hin te'iniin mana keeti ijaar-
rattee, balaa jalaa bayiisaaf addee ol jettetti mana
ka hujattu si'iif aanne'e!
10 Ati mala dhoottee kolbaa hedduu ijjeesi-
isaan, mana keeti irratti salphinna fiddeerta; ifi
irralle'etti cubbuu fiddeerta.
11 Tanaaf dhakaan dalleyaa dalleya irraa si'itti
hin iyya; utubooti manaalle jalaa hin qaban.
12 «Nama dhiiga namaa dhangalaasiisaan
qachaa ijaarrattu, yakkaalle'een qachaa guddicha
ijaarrattu si'iif aanne'e!
13 Mootiin Waan Maraa waan mara ajaju, wonni
nami hujatu ibiddaaf, wonni gosi biyya adda ad-
daa itti eloottu waan bu'aa hin qanneef akka te'u
hin goonee ree?
14 Akkuma abbaayaan bisaaniin guutantu, lat-
tille ulfinna Waaqaa beekiisaan hin guutanti.
15 «Nama nafa namaa qullaa ilaaliisaaf jettee,
mufii teeti akka daadhii woyni'ii jaddu'uu isaaf
kennitee, haga inni machowutti ka isa obaattu siif
aanne'e!
16 Atinuu untee machoottee hin gatantarta*;

* **2:16** *Gatantarta:* Yookiin tintimt.

addee ulfinnaa salphinna hin uffatta. Mootiin
Waan Maraa muduunuu adabbi'ii jadduu akka
untu si hin godhee, ulfinna keeti gara salphin-
naatitti hin jijjiira.
17 Ati dhiiga namaa dhangalaattee, biyyaa
fi qachoota, waan isaan keessa jiranulle waan
balleessiteef, hunnaan ka'iis ati Libaanosi irratti
kaate sitti garagalati. Balleessaan ati bineensota
balleessitelle si hin bararassiti.
18 «Bu'aan waaqa dharaa maan? Inni waan
harka namaatiin bocomee hujame; dhara malee
wo isa irraa hin dhaggamu; nami isa bocee huje
waaqa dharaa ka woy hin dubbannetti addatiis
isaa bu'aa maan qaba ree?
19 Waan muka irraa bocamee hujameen,
‹Dammaqi!› yookiin dhakaa lubbuu hin qanneen,
‹Ka'i!› ka jettu siif aanne'e! Inni si barsiisuu
dande'aa? Kunoo, waaqi dharaa worqi'ii fi
meeti'iin gonfameera; hafuuralle hin qabu.
20 «Mootiin Waan Maraa ammoo Galma
woyyicha ifii keessa jira; latti duudiin fuula isaa
duratti cadhittuu ti» hin jedhan.

# 3

## *Daadimata Anbaaqoomii*

1 Daadimati Anbaaqoomii raagichaa ka
faaru'uun dhikaate asii gad jira.

2 Ee Mootii Waan Maraa kiyya,
hujii maade'ee ta ati hujje mara dhage'ee gud-
doo sodaadhe;
ammalle bara keennatti hujii teeti ta durii
ede'ii huji;

bara kennalle'etti akka beekkantu godhi;
yennaa aartulle nu mararfadhu.
3 Waaqi woyyichi biyya Temaanii,
gaara Phaaraan irraa hin dhufa;
Ulfinni isaa ol-gubbaa golleera;
leellisi isaalle lafa guuteera.
4 Ifi ulfinna isaa akka ifa adu'uu ti;
harka isaa ka hunni isaa keessa dhokatteertu keessaa
balaqqeessi hin baya.
5 Balaan isa dura deema;
dhukkubi nama fixu isa duubaan deema.
6 Yennaa inni dhaabbatu latti hin tachooti;
yennaa inni isaan ilaalu
gosi biyya adda addaa hin hollatti.
Gaaroti durii durii hin sigigan;
kooboti durii durii ta inni irra deemaa turelle gad hin lixan.
Karaan inni irra deemu ammoo
bara baraan jiraata.
7 Worri Itoophiya'aa* rakkatuun,
worri Miidiyaaniille hollatuun dhagge.
8 Ee Mootii Waan Maraa, ati lagatti hin aartee?
Yennaa fardoolee teeti yaabbattee,
garreettaa fardaa ka injifachaa keetii irra teette,
abbaaya'atti guddoo aarteetii?
9 Ati guubee† teeti qopheeffattee
daaya keeti buqqifattee,
lagaan lafa gargar tarsaatte.
10 Gaaroti si dhagganee hollatane;

* **3:7** *Worri Itoophiyaa:* Afaan Ibrootaatiin Kuushan jedha. † **3:9** *Guubee:* Yookiin buube.

lolaan roobaa lafa haxowaa tare.
Bisaan abbaaya'aa shookkisee,
danbaliin isi'iille ol kaate.
11 Yennaa daaya keeti isaanitti calalaqee,
eboon teeti isaanitti itte
adu'uu fi jiin adduma jiranutti dhaabbatane.
12 Ati aari'iin lafa irra ideenta;
aariille'een gosa biyya adda addaa hin dhidhiitta.
13 Ati kolbaa teeti fayyisiisaaf,
ka muudame sanille fayyisiisaaf baate.
Sooressa worra hamoole'ee butuchitee,
hordofattoota isaalle balleessitee,
mata'aa haga miilaatitti qullaa isa hamburte.
14 Akka hobonbolatti'ii nu bittinneessiisaaf ka dhufe,
Yennaa loltooti isaa akka hobonbolatti'ii
nu bittinneessiisaaf,
hiyyeeyyii dhokataneeranu fixanee
itti gammadiisaaf dhufane;
ati woraanuma isaatiin sooressa isaanii woraante.
15 Yennaa ati fardoo teetiin abbaayaa dhidhiitte,
abbaayaan raafante.
16 Ani waan kana duudii dhage'ee, roromme;
qoonqoo tana irraa ta kaate hidhiin tiyya hollatte.
Lafeen tiyya shante;
miilli kiyyalle lelleqe.

Te'uu malee yennaan worri nu miidhu
adabamu haga dhuttu ossaan hin eegadha'a.

17 Muki harru'uu midhaan buusuu dhabulle,
muki woyni'ii midhaan buusuu dhabulle,

muki ejersaalle midhaan kennuu dhabulle,
fichaan midhaan baasuu dhabulle,
hooleen gooree keessaa dhabantulle duwwaa hattulle
loon moonaa keessaa dhabamanulle,
18 tun marti teetulle
ani Mootii Waan Maraatitti hin gammada;
Waaqa fayyisaa kiyyatti gammadee firinxi-ixa.

19 Mootiin Waan Maraa Waaqi hunna tiyya.
Inni miila kiyya akka miila gadansaa hin jabeessa;
gaara irralle akka deemu na hin godha.

Sooressitoota faarsitootaatiif: Meya ribu'uutiin ta faarfatantu.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e